DABARSA FI HUBACHIISA MIRGA ABBAA QABEENYUMMAA QAB. HIN SOCH. FI SOCHO'AA ADDAA

SAGANTAA LEENJII HOJIIN DURAA MARSAA 6FFAA

"Property is inseparable from the institutional structure that recognizes and enforces property rights. "

Leenjisaa - Dassaaleny Biraanuu

Bara 2005

Seensa

- Qabeenyi yoom akka uumame sirritti beekuun kan hin danda’amne ta’ullee hawaasni fi maatiin**, kun kan koo dha, kaan (kuun) kan abaluuti, ykn kan abaluu fa’a** ti jechuu yeroo jalqabeetti akka ta’e ni tilmaamama.
- First use first ownership -primitive
- Qabeenyi yaadrimee walitti dhufeenya namootaa fi wantoota gatii dinagdee ykn maallaqaa qaban jidduu jiru kan ilaallatuu dha.
- Mirgi qabeenyaas yaadrimeewwan mirga qabiyyee, mirga alaabaa (usufruct), mirga tajaajila qabeenyaa (servitude), fi mirga abbaa qabeenyummaa (ownership right) kan hammatuu dha.
- Mirgi qabeenyaa tasgabbii siyaasaa, dinagdee,

- Mirgoota kana keessaa mirgi abbaaqabeenyummaa mirga bal’aa namni tokko qabeenya irratti qabaachuu danda’uu dha.
- Mirgi abbaaqabeenyummaa mirgoota qabeenyichatti fayyadamu, firii isaa sassaabachuu fi namoota birootiif dabarsuu kan ilaallatuu dha.
- **HMFDRI** kwt. 40(1) jalatti lammiin kamiyyuu qabeenya dhuunfaa irratti mirga abbaaqabeenyummaa akka qabu; mirgi kunis faayidaa ummataatiif kan daangeffame yoo ta’e malee, mirgoota armaan olii kan hammatu akka ta’e tumameera. Acquire – meyaz jedha.

- Mirgoota abbaaqabeenyummaa keessaa inni tokko mirga qabeenya garee sadaffaatti dabarsuuti.
- Darbiinsi kunis kan raawwatamu bu’uura seeraatiinii fi gochoota seera duratti bu’aa hordofsiisaniin (waliigalteetiin, dhaamoo, fi kkf) ta’uu ni danda’a.
- Gochoonni kunniin ragga’aa ta’uu qabu. Kana malees abbummaa qabeenyaa dabarsuuf sirnoonni seeraan taa’an kanneen biroo kan akka SHH kwt. 1185 hordofamuu akka qabu ni hubatama.

... hin sochoonee fi socho’aa addaa dabarsuu ilaalchisee rakkoowwan qabatamaan MM keessatti ni mul’atu.

- Gama kaaniin mirga abbaa qabeenyummaa kabachiifachuuf himannoon abbaa qabeenyummaa dhiyeeffachuun akka mirga tokkootti akka fudhatamu ni beekkama.
- Abbummaa qabeenya hin sochoonee fi socho’aa addaa hubachiisuuf gosa ragaa dhiyaachuu qabuu, mormiiwwan gareen sadaffaan kaasuu danda’anii, dirqama qaamolee waraqaa ragaa kana kennuuf aangoo qabanii fi aangoo manneen murtii addaan ...

... baasuu irratti rakkoowwan adda addaa ni mul'atu.

- Ejjennoowwan qabeenya hin sochoone mirkaneessuun kan danda'amu waraqaa ragaa A/Qab. Dhiyeeffachuun qofa jedhu fi waraqaan ragaa kun immoo bakka hundatti wal gahee kennamuu dhabuunis akka rakkoo qabatamaa tokkootti kan ilaalamu dha.
- Kana malees mirgi abbaa qabeenyummaa kun mirga namoota biroo haala faanfessuun qabeenyichatti fayyadamuu (right in rem) jechuunis ni ibsama.
- 'jus in rem' - rights against the world

- Kun immoo jidduu seentummaa qaama biraa dhorka.
- Yoo uumames ykn seeraan ala qabeenyichi kan fudhatame yoo ta’e qabeenya ofii kana hordofuun eenyuun harkattuu qabsiifachuu ykn eenyuun irraayyuu falmachuun deebifachuu kan nama gonfachiisuu dha.
- Mirgi kun himannaa **“petitory action”** jedhamu dhiyeessuun kan kabajamu dha.

⇒Nama qabiyyee ofi harkaa hin qabneeen – nama qabiyyee (possession) ofi harkaa qabu irratti.

Kanaaf dhuma leenjii kana irratti leenjifamtoonni:

- Maalummaa qabeenyaa fi mirga abbaa qabeenyummaa qabeenya hin sochoonee fi socho’aa addaa ni hubatu,
- Gosoota qabeenyaa irratti hubannoo gahaa ni argatu,
- Mirga Abbaa qabeenyummaa fi mirgaa fi dirqama abbaa qabeenyaa dhunfaa addaan baasanii ni ibsu,
- Himannoo abbaa qabiyyummaa fi abbaa qabeenyummaa addaan baasani ni hubatu,

- Dabarsa fi mirkaneessa mirga abbaa qabeenyummaa irratti hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Akka waliigalaatti yaadota armaan olitti ka’an dhimmoota qabatamaa waliin deeggaranii xiinxaluun ilaalcha gaarii fi gahumsa cimaa ni horatu.

Qabeenyaa fi Mirga Abbaaqabeenyummaa

Qabeenyi maali?

- Things ? Goods? Property? S/H/H?
- Things are objects that have a spatial scope, are perceivable by senses and are located under the discretion and supervision of people.
- Waanti tokko qabeenya ta’uu fi dhiisuu addaan baafachuuf ulaagaaleen gurguddoo ta’ani fi isaan muraasni:

✓ Wantichi abbaa qabeenyummaan qabamuu kan danda’u ykn to’atamu ta’uu qaba [appropriable]

✓ Faayidaa ilma namaatiif kan ooluu danda’u

- Bu’aa dinagdee qabaachuu qaba.

Common benefits vs common things eg open air

- **Kutaaleen qaama namaa qabeenya akka hin taane SHH Kwt 18 fi seerri yakk.kw573vs70 ni agarsiisa. Seeraan murtaa’e.**
- SHH kwt18...namni tokko qaama isa ykn kutaa qaama isaa yeroo lubbuun jirutti kennu (dabarsuu) kan danda’u kennamuun qaama ykn kutaa qaama kabaja qaama namaa kan hin miine yoo ta’ee qofa dha –jedha.
- *‘the term property can be used to*

... nature of the right, nature of the relationship and the thing itself'

- Haaluma wal fakkaatuun ... "...*the relation of persons to the things having economic importance. It is the highest right that man can have to anything, but subject to any limitations. It includes both proprietary and in rem rights. It is any interest in property, tangible or intangible." jedhamunis ni ibsama.*
- Bu'uura kanaan jechi kun seera keessatti yaadrimeewwan akka qabiyyee, alaabaa, fayyadama fi tajaajila qabeenyaa kan hammatuu dha.
- Kanaaf yaadrimeen qabeenya jedhu mirga ykn dandeettii fi wantota mirga kanaaf

- S/H/H jalatti jecha qabeenya jedhuuf ibsi haala ifa ta’een kenname hin jiru.
- Garuu wantootni mirga qabeenyaatiif bu’uura ta’an “goods” bifa jedhuun kaayamaniiru.
- Bu’uura kanaan jechi kun wantoota mul’atanii (corporeal) (kwt. 1127) ykn hin mul’anne (incorporeal) (kwt.1128 fi 1129) akka ilaallatuu ni hubatama.
- Wantoonni mul’atan isaan ijaan ykn miira biraatin beekamuu danda’an kan ilaallatan akka ta’e ni hubatama. Isaan kuun garuu miira keenya fayyadamuun beekuu kan hin dandeenyee dha.
- Incorporeal thing is any product that humans cannot perceive, but which has

- The classification of corporeal goods into movables and immovables in the Code can appropriately be termed as the primary classification of goods.
- Dubbisa waraabbii afaan Amaaraa fi French irraa bakka lamatti kan qoodamu ‘goods’ osoo hin taane ‘corporeal goods’ ta’uutu hubatama. (1126)
- This division is the starting point for the separate treatment of real rights and is expressed in differences in the creation, scope and extinguishment of a right and distinct rules of form of

- Bu’uura SHH kwt.1127 tiin qabeenya socho’aa jechuun qabeenya ofii isaatiin socho’uu ykn uumamni isaa osoo hin jijjiiramin ykn hin manca’in ykn hin badin namaan sochoofamuu danda’uu dha.
- Isaanis socho’aa salphaa fi socho’aa addaa jechuun qoodamu. Qoodinsi kunis haala dabarsa, mirkaneessa , aangoo, wabummaa to’achuuf dha. Complementary (subsidiary) classification
- Qabeenyi socho’aan addaa amalaan ykn uumaan qabeenya socho’aa ta’anii garuu faayidaa isaan qabanirraa kan madde haala itti horataman, dabaran fi hubachiifaman ilaalchisee tumaalee qabeenya hin sochooneetiin akka qajeelfaman SHH

- Qabeenyonni tokko tokko uumaman qaama qabeenya hin sochoone ta’anis seerichi immoo akka qabeenya socho’aniitti haala itti ilaalaman (movables by anticipation) akka qaban ykn tumaaleen seerichaa dhimmoota akkanaa irratti raawwatiinsa qaban akka raawwatan bakka itti kaaye ni jira. (SHH kwt. 1133 fi kwt.2268) – rakkoon akka hin uumamnef.
- Hanga bu’uura kanaan waliigalteef bu’uura hin ta’initti qaama lafaa (intrinsic element of land) akka ta’e tumaa kwt. 1133(1) irraa ni hubatama.

... ykn addaan hin babahin namaan sochoofamuu hin dandeenye akka ta’an ni hubatama.

- SHH kwt.1130 jalatti qabeenyonni hin sochoonne lafaa fi mana akka ta’an ibsamaniiru.
- Heera mootummaa keew.40–abbaan qabeenyaa lafaa–uummataa fi mootummaa dha. – mirgi A/ qabe.dhuunfaa hin jiru.
- Dhimmi lafaa moojulii kana isiniif kenname keessatti irratti hin xiyyeeffatamne. (Xiyyeeffannoo ‘Gamoo ykn Manaa’ irratti dha.)

- Gama kanaan ogeessonni tokko tokko Gamoo kan jedhu gamoowwanii fi mana jireenyaa, bukaaraa (Mana kuusaa), workishoppii fi kkf qofa ilaallata kan jedhan yemmuu ta’u ;
- Isaan kuun immoo ijaarsa akka Riqichaa (bridges), Hidha (dams), Haroo (wells), Daagaa (dikes), Daandii lafa jala ba’u (tunnels), fi kkfs hammachuu qaba jechuun falmu.
- Dubbisa faallaa kwt 1127tiin yoo ilaalle ejjennoo 2ffaan dhama qabeessa fakkaata.
- Gama biraatiin manni ykn gamoon yeroodhaaf qofa ijaaramee fi ji’oota ykn torbaan muraasaa booda akka diiggamu beekkamu akka qabeenya hin sochoonettti

... **bahee kan mul'atu ta'uu baatus,** falmiiwwan tokko tokko ni mul'atu.

- Ogeessonni gamiisni manni wanta fulla'iinsaan fuulduraaf akka tajaajilu yaadamee ijaaramu waan ta'eef wantoonni akka daasii tajaajila yeroodhaaf ijaaraman lafatti kan gadi dhaabbatan ta'us waraabbii afaan ingiliffaa jecha building" jedhu keessatti kan hammatamu ta'us waraabbii afaan Amaaraa jecha"mana" ykn"Gamoo"jedhu keessatti hin hammatamu jedhu.
- Isaan kuun immoo manichi lafaan walqabatee kan ijaarame ta'uun isaa yoo mirkanaa'e yeroof ta'ee fuulduraaf ijaaramuun isaa addaan baasuuf rakkisaa

- Asirratti garuu qabeenyi hin sochoone lafaa fi mana jechuun seera keenya keessatti ibsamuun isaa mannis (buildings) kan lafaan walqabate ta’uu akka qabutti hiikuun kaayyoo seerichaa kan faallessuu miti. SHH kwt. 1213 kanuma cimsa.
- Bu’uura SHH kwt.1134(1) tiin qabeenyi qaama qabeenya isa haadhoo ta’e kophaa isaa waliigaltee kamiifuu bu’uura akka hin taane tumameera.
- Tumaa Kwt. 1131 irraa immoo haala biraatiin yoo waliigalame malee waliigalteen qabeenya hin sochoone irratti taasifamu qabeenyota qaama qabeenyicha ta’an hundumaa akka hammatu ni hubatama.

- Kun gaaffii manni tokko mana jedhamuuf (konkolaataan tokko bifa sanaan waamamuuf) maal maal qabaachuu qaba gaaffii jedhutti nu geessa.Kun immoo qabeenyoota qaama qabeenya muummee (intrinsic element) ta’an addaan baasuu gaafata.
- Bu’uura kanaan qabeenyichi uumama qabeenya muumee osoo hin jijjiirin irraa bahuu kan hin dandeenye yoo ta’e ykn uumama osoo hin jijjiirin kan irraa bahuu danda’u ta’us barmaatileen (custom) qabeenyichi qaama qabeenya muummee qabeenya kanneenii akka ta’etti kan fudhatamu yoo ta’e akka qaama qabeenya kanaatti akka lakkaa’amu tumaa kwt.1132

... (intrinsic element) ni hammatu jechuu dha. Kanaan walqabatee qabatamaan fkn mana kireeffachuu ibsaa, bishaan, fi kkf barmaatileen hammachuu fi baachuu ilaalchisee rakkoowwan hiikkoo tokko tokko ni mul'atu.

- Fakkeenyaaf murtii Dh/Ij/MMWF **L.G.42897** ta'erratti kenne haa ilaalamu. F-9

Mirga Abbaaqabeenyummaa

- Mirgi abbaa qabeenyummaa maali?
- … *“…….collections of rights allowing one to use and enjoy property including the right to convey it to others and maintaining and recovering possession of the property from all other persons.”*
- Mirgi abbaa qabeenyummaa mirga namoota biroo haala faanfessuun qabeenyichatti fayyadamuu (right in rem) ilaallata.
- Kun immoo itti fayyadama fi

... qabeenyaa ilaalchisee namni kamiiyyuu bifa kamiinuu jidduu akka hin lixne dirqama nama hundaratti kan gatuu dha ykn uumuu dha.

- Mirgi kun jiddulixummaa bifa kamiinuu raawwatame yoo jiraate ykn seeraan ala qabeenyichi kan fudhatame yoo ta’e abbaan qabeenyaa qabeenyicha hordofuun eenyuun harkattuu qabsiifachuu ykn eenyuun irraayyuu falmachuun deebifachuu kan isa gonfachiisuu dha.
- Kanaaf mirgi abbaaqabeenyummaa mirga bal’aa(1204), fulla’aa fi isa dhumaa namni tokko wanta tokko irratti qabuu dha jechuun ni danda’ama.
- Mirgi qabeenya dhuunfaa kun kan

... fi qaama isaa irraa qofa osoo hin ta'in namoota dhuunfaa irraayis akka ta'e hubatamuu qaba.

- Mirgootni nama dhuunfaa ilaallatu / rights in-personam/ jiddu lixxummaa nama addaan bahee beekamuu kan ittisu dha.
- Mirga qabeenyaa vs mirga waliigaltee – mirgi qabeenyaa –addunyaa irratti vs adda kan bahe
- In the parlance of property law, the burden of a property right "runs with the assets"
- Heerri kwt. 40(1) jalatti lammiin kamiiyyuu mirga abbaaqabeenyummaa

- *“Unless prescribed otherwise by law on account of public interest, this right shall include the right to acquire, to use and, in a manner compatible with the rights of other citizens, to dispose of such property by sale or bequest or to transfer it otherwise.*
- "Private property", shall mean any tangible or intangible product which has value and is produced by the labour, creativity, enterprise or capital of an individual citizen, associations which enjoy juridical personality under the law, or in appropriate circumstances, *by* communities specifically empowered by law to own property in common.(FDRE Constitution Art. 40(2))

- Individual vs joint ownership, exception – agricultural community ⇒ civil code

---

- Individual-dabarsuuf marii hin barbadu.
- Joint and common property – dabarsuuf marii lamaanii barbaada garuu qab.waliinii diiggaan dura qooddachuun hin danda'amu. (indivisible)
- Property is inseparable from the institutional structure that recognizes and enforces

- Joint vs collective ownership – Collective ownership suppresses the autonomy of individual shares – abbaa qabeenyaati jedhamullee mirgoota A/qab.ummaa akkaataa seeraatti hojiirra oolchuun hin danda'amu.
- In the case of joint ownership, each of the shares, even if it is physically merged into the others, has its special owner; undivided co-ownership is always individual ownership with physical merging of the shares.
- Collective ownership, on the other hand, rests upon the necessary grouping together of the person to which it

.... not intended to become the subject matter of private ownership.

- Mirga A/qabeenyummaa mirga bal'aa yemmuu ta'u isaan keessaa inni duraa mirga qabeenyichatti fayyadamuu hogguu ta'u saayinsii seeraa keessatti "usus" jechuun beekkama.
- Mirgi kun gama tokkoon mirga qabeenyicha faayidaa kamiif akka oolu murteeffachuu kan ilaallatu akka ta'e kwt. 1205(1), 1263, fi kwtt.1270-1271 irraa ni hubatama.
-

- Gama kaaniin immoo mirga abbaaqabiyyee qabeenyichaa ta’uun haala namoota kaan faanfesseen qabeenyichatti fayyadamuu fi yoo harkaa bahe immoo gaafatee deebifachuu akka ilaallatu SHH kwt. 1204 fi 1206 irraa ni hubatama.
- Mirgi lammaffaan mirga dabarsuu hogguu ta’u isa saayinsii seeraa keessatti “abusus” jechuun beekkamuu dha.
- Mirgi kun mirga garee biraatiif qabeenyicha gatiin ykn gatii malee gaafa du’e ykn lubbuun osoo jiru dabarsuu fi wabiidhaan qabsiisuu kan ilaallatuu dha (Kwt.1205 (2) fi 3049(2)).
- Mirgi kun, mirga namoota biroo kan tuqu yoo ta’e ...

... malee, qabeenyicha fedhiidhaan gatuu ykn balleessus akka hammatu kwt. 1189 iraa ni hubatama.

- Mirgi inni dhumaa immoo abbaan qabeenyaa firii ykn bu’aa qabeenya isaa (fructus) sassaabachuu, itti fayyadamuu fi dabarsuu danda’uu isaati (kwt.1264).
- Abbaan qabeenyaa mirgoota sadeen kanneen addaan baasuun garee sadaffaaf dabarsuu ni danda’a.
- Gama birootiin abbaan qabeenyummaa qabeenya hin sochoonee karaawwan itti argamu

. .... ofii jala gochuun qabachuu (usucaption) dha.

- Kun mirga abbaaqabeenyummaa itti fayyadama qabeenyaa (by usage)tiin argamuu dha.(SHH kwtt.1168-1169 jalatti kan tumamee dha.)
- Bu’uura kanaan abbaaqabeenyaa qabeenya hin sochoonee ta’uuf qabiyyee mudaa hin qabne qabaachuun waggoota 15(kudha shaniif) walitti aansuun maqaa ofiitiin gibira kaffaluu gaafata...mana
- Mirgi A/Qab.dabarsanis argamuu danda’a. (boq.2)
- Karaa kamiinuu argamu, haala addaa seerri kaa’u akkuma jirutti ta’ee, mirgi kun *mirga guutuu ykn hirrina hin qabne (absolute); abbaan qabeenyichaa qabeenya isaatiin*

... dha; akka qajeeltootti mirga kanatti kan fayyadamu abbaaqabeenyichaati.

- Mirgi abbaaqabeenyummaa fulla'aa (perpetual) dha; itti fayyadamuu dhabuun ykn daangaa yerootiin hafaa hin ta'u.

Boqonnaa lama
Sirna Dabarsa Mirga Abbaa qabeenyummaa Qabeenya Hin Sochoonee Fi Socho'aa Addaa

- Abbaan qabeenyaa mirga garee 3ffaatti mirga A/qab.isaa dabarsuu qaba.
- Seera HH keenya jalattis bu'uura kwt.1184 tiin abbaan qabeenyummaa karaa waliigaltee gurgurtaa, wal. Kennaa, dhaamoo ykn seeraan nama tokko irraa nama isa biraatti darbuu ni danda'a. Cause of transfer
- Qabatamaan MM keessatti foormii karaan abbaa qabeenyummaa itti

- Gama biraatiin waliigaltee gurgurtaa qabeenya hin sochoonee fi socho’aa addaa adeemsa abbaaqabeenyummaa bitataaf dabarsuu keessatti dirqamni gurgurataan hangam akka bal’achuu qabu ilaalchisee MM keessatti addaan baateen ni mul’ata.
- Kanaaf gama kanaanis seeraa fi dhimmoota qabatamaa xiinxaluun furmaata kaayuun barbaachisaa dha.

Sirna Dabarsa Mirga Abbaaqabeenyummaa

Dabarsa mirga abbaaqabeenyummaa ?

“Transfer of ownership” generally defined as the conveyance of title to or a present interest in property, including the beneficial use of the property.

- Bu’uura kanaan abbaaqabeenyummaa dabarsuu jechuun mirga (title) ykn faayidaa qabeenya nama biraatiif dabarsuu kan ilaallatuu dha.
- Namni tokko qabeenya mirga irraa hin

- Yookaan immoo dabarsaan mirga ofii qabeenyicharratti qabu caalaa nama darbeefiif dabarsuu hin danda’u.
- Haalli kun qajeeltoo "*nemo dat qoud non habate*"jedhamuun beekkama.
- Titles refer not to a person’s proprietary interest in a thing, but to their entitlement to that interest as against another person.
- Nama biraatti qabeenya gurguruuf, dabarsuuf ykn wabummaan qabsiisuuf ykn tajajaila ramadameef jijjiruuf aangoon beekamtii (bu’uura) seeraa qabu jiraachuu qaba.

- Namni mirga abba qabeenyummaa bittaan argatu tokko qaama 3ffaa ilaalchisee mirga abbaa qabeenyummaa gurgurataan qabu oli hin qabaatu.(hin argatu)
- Namni waraqaa ragaa qaama aangoo qabu irraa bu’uura S/H/H kwt 1195n fudhate akka abbaa qabeenyatti tilmaamama.
- Waraqaan ragaa karaa sirrii ta’een fudhatamuu baatullee, hanga hin haqamnetti, mirga seeraan eegumsa argate ta’uu waan agarsiisuuf (tilmaamsisuuf) namni kamiyyuu

- Mirgi qaama 3ffaa irratti mormii kaasuu gocha mirga argamsiise galmeessisuudhaan argama. (SHH 1645)
- Abbaan qabeenyaa mirga isaa galmeessise hanga gaafa namni haaraan bittaan mirga argate galmeessisutti deddebi’ee qabeenyicha gurguruu danda’a.

Bu’uura Waliigaltee Gurgurtaatiin Darbu

- Mirgaa fi faayidaan qabeenya hin sochoonee fi socho’aa addaa nama biraatti bu’uura waliigaltee gurgurtaatiin darbuu ni danda’a.
- Waliigalteewwan gurgurtaa keessaa tokko immoo waliigaltee gurgurtaa mana akka ta’e ni hubatama.
- Waliigaltee gurgurtaa manaa bu’uureffachuudhaan himannoowwan manneen murtiitti dhihaatan keessaa isaan *akka waliigalteetti naa raawwatamee abbaan qabeenyummaa naaf haa naanna’u*

- Himannoowwan haala kanaan dhihaatan irratti himatamaan yeroo baay’ee falmiiwwan akka ... waliigalteen gurgurtaa formii seerichi ajajeen kan raawwatame waan hin taaneef sababni abbaaqabeenyummaa naanna’uuf hin jiru jedhu ni ka’a.
- Yeroo kanatti murtiiwwan qabatamaan kennamaa jiran tilmaamamoo miti. Kanaaf boodarra itti deebina.
- waliigalteen gurguratataa waliigaltee addaa akka ta’ee fi waliigaltichi

... gareewwan lamaan kanneenii maal akka ta’e hiikkoo SHH kwt.2226 irraa ni hubatama.

- Bitataan qarshii kaffaluuf; gurguratataan immoo abbaaqabeenyummaa qabeenyichaa bitataaf dabarsuuf; bitataan gurguratataa irraa meeshaa harka galfatuuf hanga gatii kaffaluu qarshiidhaan tilmaamamee waliigalticha irratti ibsamu akka qabu tumaa seeraa kana irraa hubachuu ni danda’ama.
- Waliigaltee gurgurtaa qabeenyota socho’an

- seerrii si’a tokko tokko ulfina dhimma waliigaltee fi rakkina raawwii irratti uumamuu danda’u akkasumas, sababoota hawaasummaa fi dinagdee tilmaama keessa galchuudhaan waliigalteen tokko formii addaa seerri kaa’uun akka raawwatamu qabu ni ajaja.
- Yeroo kanatti gareewwan waliigaltee raawwatan waliigalteen isaanii akkaataa formii seeraan ajajameen raawwachuutti irraa eegama. (haala addaati)
- Waliigalteen gurgurtaa qabeenya hin

... qaban SHH kwtt.1719-1727,2877 fi 2878 jalatti tumameera.

- Tumaalee seeraa kanneen keessaa kwt.1719-1727 jiran tumaalee waliigalaati.
- Formii waliigaltee gurgurtaa qabeenya hin sochoone ilaalchisee tumaalee waliigalaa keessaa tumaaleen dura ilaalamu qaban kwt.1719 fi 1720 dha.
- Isaan hafan immoo tumaalee addaatti.Formii waliigaltee gurgurtaa qabeenya hin sochoonee ilaalchisee tumaalee addaa keessaa tumaaleen seeraa ilaallamu qaban kwt.2877 fi

- Bu’uura seeraatiin formiin addaa kan ajajamee yoo ta’e, dirqama kana hordofuu akka qaban; yoo hin hordofin immoo kan ragga’ee osoo hin taane akka wixinee qofatti kan lakkaawwamu fi bu’aas akka hin qabne akka ta’e SHH kwt.1719 fi kwt. 1720 irraa ni hubatama.

Art. 1723:- Contracts Relating to Immovables

- *A contract creating or assigning rights in ownership or bare ownership on an immovable or an usufruct, servitude or mortgage of an immovable shall be in writing and registered with a court or notary.*
- *Any contract by which an immovable is*

ቁ. 1723 የማይቀሳቀሱ ንብረቶችን ሰለሚመለከቱ ውሎች

- የማንቀሳቀሱ ንብረቶችን ባለቤትነት ወይም ባንድ በማይነቀሳቀስ ንብረት ላይ የአላባ ጥቅም መብት ወይም የመያዣ ወይም የሌላ አገልግሎት መብት ለማቋቋም ወይም ለማስተላለፍ የሚደረጉት ውሎች ሁሉ በጽሑፍና በሚገባ አኳኋን በፍርድ ቤት መዝገብ ወይም ውል ለማዋዋል ስልጣን በተሰጠው ፊት መሆን አለባቸው።
- እንዲሁም የማይነቀሳቀስ ንብረትነ የሚመለከቱ የክፍያ ወይም የማዛወር ስምምነቶች ሁሉ በጽሑፍና በሚገባ አኳኋን በፍርድ ቤት መዝገብ ወይም ውል ለማዋዋል ሥልጣን በተሰጠው ፊት መሆን አለባቸው።

- There are two principal ways in which a legal system can ‘punish’ non-compliance with formality requirements.
- The strictest punishment is invalidity: the transaction (whether the creation or grant of the interest) does not take effect at all unless and until the formalities are completed.
- The most lenient is non-enforceability against third parties: the transaction is fully effective between those who were parties to it, but does not confer on the transferee/grantee an interest

- Waraabbii lameen gidduu garaagarummaan ni jira. (1723)
- Waraabbiin afaan ingilizii – registration, amaariffi immoo – authentication ? fakkaata.
- Karaa biraatiin, foormii waliigaltee gurgurtaa qabeenya hin sochoonee ...

Art. 2877. Form of contract

A contract of an immovable shall be no effect unless it is made in writing.

Art.2878. Registration in registers of immovable property

- The sale of an immovable shall not affect third parties unless it has been registred in the registers of immovable property in the

- SHH kwt 2877 bu’aa isaa waliin tume.
- SHH kwt.2878 immoo waliigalteen garee sadaffaa irratti bu’aa akka qabaatuuf ulaagaa guutuu qabu kan ilaallatu hogguu ta’u waliigalteen kun yoo galmaa’e (registration) malee garee sadaffaa irratti bu’aa qabaachuu hin danda’u jechuun tumamee jira.
- Kun immoo ulaagaa hundeeffama ykn ragga’iinsa waliigaltichaa kan ilaallatuu miti.
- Yeroo ammaa ejjennowwan qabatamaan M/M keessatti calaqqisan

... godhamu baatee seera duratti gatii hin qabu fi qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoo qabu fulduratti godhamu baatuus gatii qaba kan jedhan dha.

- **Dhadd.Ijib. L.G. 21448 ta'e irratti ...** waliigalteen gurgurtaa manaa seera duratti gatii qabaachuu kan danda'u barreeffamaan godhamee (raawwatamee) qaama waliigaltee waliigalchisuuf aangoon kennameef ykn mana murtii fuula duratti yoo raawwatame qofa jechuudhaan murtiin MMSDF kennee sababa

- Bu’uura SHH kwt 1723tiin waliigalteen gurgurtaa manaa barreeffamee mirkanaa’uu qaba.(kutaa waliigalaa)
- Bu’uura SHH kwt 2877tiin waliigalteen barreeffamuun qofti gahaa dha. (kutaa addaa)
- Kutaan lamaan walitti hin bu’an, walfaana adeemsisuun hojiirra oolchuun ni danda’ama.
- Haala kanaan yoo hin mirkana’in wixinee ta’a malee hin ragga’u jedhu. (1720(1)
- Ejjennoo 2ffaan … Seera baastuun seera waliigaltee hogguu tumu

... waliigaltee beekumsa seeraa fi eeggumsa argatee, raawwatinsi waliigalteewwani addunyaa irratti dudhaalee fudhatama qabaniin qajeelfamaa gama ammayyuumaatti ce'uu akka qaban jala sararuunii dha.

- Kana galmaan gahuuf jecha tumaalee seera waliigaltee gosa sadii qaban tumamuu isaanii ibsaniiru. Isaaniis (1) *Tumaalee* waliigaltee hayyamoo (Permissive provision of the law); (2)Tumaalee waliigaltee dirqisiisoo (Mandatory provision of the law of contract);(3)Tumaalee waliigaltee

- Tumaan SHH 1723 jalatti ibsame tumaa qajeeltoodha. (directory) bifa ajajaatiin taa’us waliigalticha amala bu’a maleessa taasisuu hin qabu.
- Bu’aan waliin ibsamuu dhabuun keewwatichaas yaaduma kana cimsa.
- Bu’uura 1723tiin raawwaatamuu dhabuun wixinee taasisa kan jennu yoo ta’e bu’uura wixineetiin himannaan yoo dhiyaate himannaan tun sababa himannaa waan dhabuuf kun immoo himannoon yeroo dhiyaatu mirga hin qabdu jechisiisuu kan danda’u fi bakka duraattillee akka hin

- Wixineessaan SHH ‘Rene Davids’ fi ogeessi seeraa SHH fooyyessuuf qoratan ‘Jean Mark Bayisees’ tumaaleen taaksii fi dambiileen galmeessuu ilaallatan guutamuu dhabuun waliigalticha qaama waliigalan gidduutti gatii hin dhabsiisu jechuun qaama 3ffaa qofa akka ilaallatu ibsaniiru. (1723)
- Labsii lakk.334/95 kwt.5(1)(a) jalatti immoo bu’uura seera rogummaa qabuun sanadootni mirkanaa’uu fi galmaa’uu qaban yoo galmaa’uu baatan bu’aa seera qabeessaa ta’e

- Ejjennoo 2ffaan dhama qabeessa fakkaata, garuu kallattiin gara fuulduraa ejj. 1ffaa dha. (ijibbaata)
- Kanaan walqabatee dhimmi ilaalamuu qabu dhimmaa SHH kwt.1723 gurgurtaa mana waldaadhaan gurmaa'uun ijaaraman irratti raawwatiinsa qaba moo? Hin qabu jedhu dha.
- Bu'uura labsii lakk.147/91tiin manneen waldaalee hojii gamtaan ijaaraman yeroo gurgurtaan darban SHH kwt 1723 raawwatiinsa akka hin qabaanne dhadd.ijibba.lakk.ga.36294 ta'e irratti murtessera.
- Dhaddachichi sababa yemmuu ibsus labsiin kun kwt 1(b) jalatti gurguruuf hoji

- Gama birootiin sadarkaa federaalaattii waa'een manneen kondominiyeemii labsii lakkoosa 370/2003, jalatti tumameera.
- Bu'uura labsii kana kwt.2 fi 3 tiin mana kophaatti (intended for exclusive use of one joint owner) kenname ilaalchisee abbaanqabeenyummaa kan abbaa sanaati. Qaamni olii fi gadii fi dalgaa gamoo sanaa fi lafti irra dhaabbate (the parts which are intended for the common use of all or some of the joint owners and that are jointly owned by such joint owners)

... qofa irratti mirga abbaan qabeenyaa qabu hundumaa qabaachuu akka danda'u tumameera.

- Waliigalteen gurgurtaa kondominiyeemiis ulaagaawwan waliigalteewwan mirga abbaa qabeneyummaa dabarsuuf taasifaman guutuu qaban guutuu akka qabu ni hubatama.
- Haaluma wal fakkaatuun SHH kwt.2879 jalatti dirqamootni gurgurataa kan ibsaman yemmuu ta'u isaan keessaa tokko sanadoota barbaachisoo qabeenyicha ilaallatan hunda isaanii bitataatti kennuudha.
- Sanadoota kanneen keessaa kaartaan ykn waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa fi

- Bitataan haala kanaan yoo argate mirga isaa galmeessifachuu danda’a.
- Sanadoota dabarsuu fi dirqamoota sana booda jiraachuu danda’an ilaalchisee qabatamaan rakkoowwan tokko tokko ni mul’atu.
- Keessattuu himannoo maqaan abbaaqabeenyummaa naaf haa naanna’u jechuun bitataan dhiyaatu ilaalchisee dirqama gurgurataati fi kan isaatii miti jechuun falmiiwwan walfaallessan MM keessatti ni mul’atu.
- Dhaddachi Ijibba. Ga.lakk.33945 ta’e irratti ... Gaaffiin iyyataan waamamaan maqaa akka ...

... naannessuuf dhiyeesse dirqama waliigaltee ykn seera irraa maddee fi himatamaan raawwachuu kan qabu waan hin ta’iniif MM jalaa jalqabuma bu’uura SDFHH kwt.33(2) 231(1) (a) tiin kufaa gochuu qaba ture.*Kanaaf gaaffiin maqaa abbaaqabeenyummaa akka naaf naannessu naaf haa murtaa’u jechuun dhiyaatu sababa himannoo hin qabu”* jechuun murteessee jira.

- Dhaddachichi himatamaa (gurgurataa) irraa waanni akka waliigalteetti ykn seeraatti barbaadamu hin ibsamne, akkasumatti maqaa naaf haa naannessu jedhamee kan gaafatamuu qabu qaama

- Gama biraatiin murtii **L.G.31640** ta’e irratti qabeenya socho’aa addaa ilaalchisee kenname irratti immoo “... maqaa jijjiiruf konkolaataa irratti boolloo maxxansuuf gurgurataan dhiyaachuu qaba. Bitataanis osoo hin dhiyaatin galma gahuu hin danda’u....” jechuun gurgurataan dirqama qaamolee aangoo qaban kanneen biratti argamuun maqaa naannessuu akka qabuu fi kan yoo hin godhin immoo himannoon irratti dhiyaachuu akka danda’u agarsiiseera.

... Ilaalchisee kenname, bu'uura SHH kwt 2273tiin gurguratan dirqama abbummaa qabeenyaa dabarsuu qaba.

- Kun immoo sanada barbaachisaa ta'e qofa miti, gochoota biroollee ni dabalata.
